BIIROO BARNOOTA
BUL.MAGAALAA FINFINNEETTI

Barnoota afaan oromoo kutaa 2ffaa

kan semisteera 2ffaa



Barannoo 5ffaa

BOQONNAA 14

Jechoota Sagalee Irra Butaa Fi Hudhaa

Kaayyoo Barannoo

Barannoo Kana Booda;

- **Akkaataa uumama sagalee irra butaa ni himtu.**
- **Jechoota hudhaa of keessaa qaban ni tarreessitu.**

Shaakala

A.Gaaffiwwan armaan gadii shaakaluun deebisaa.

1.Sagalee irra butaa jechuun maal jechuudha?

2.Sagalee hudhaa jechuunhoo?

Jechoota Sagalee Irra Butaa

- **Irra butni gosoota sagalee dubbiiti.**
- **Qubee dubbifamaa irratti hundaa’uun uumama.**
- **Dubbifamaa gosoota adda addaa lama walitti aanan irraa uumama.**
- **Kunis yeroo hundaa walakkaa jechaatti uumama.**
- **Sagaleen irra butaa jechoota sagalee jabaa irraa adda.**
- **Sababni isaa qubeewwan dubbifamaa lama lama qabu.**
- **Garuu kan sagalee jabaa wal fakkaataadha.**
- **Kan irra butaa ammoo gosa adda addaati.**

Fakkeenya sagaleewwan irra butaa

Sagaleewwan Irra Butaa Kan Jennu Kanneen Armaan Gadiiti.

Isaanis; Harka

Harma

Morma

Lilmoo

Ilma

Arba

Jechoota Sagalee Hudhaa (‘)

- **Hudhaan maali?**
- **Hudhaan mallattoodha.**
- **Akka dubbifamaa afaan oromootti tajaajila.**
- **Qubeewwan dubbachiiftuu wal fakkaatan lama gidduu galuun hiika uuma.**
- **Qubeewwan dubbachiiftuu gosa adda addaa lamaa fi isaa ol ta’an gidduus ni seena.**
- **Kokkee keenya keessatti uumama.**
- **Kokkeen immoo qaamolee dubbiif ooluudha.**

Fkn. jechoota sagalee hudhaa

Jechoota sagalee hudhaa kanneen jedhaman kanneen armaan gadiiti.

Sa’a

re’ee

bo’oo

taa’e

ka’uu

mi’aa

GOCHA

Gaaffilee Isiniif Kennaman Filachuun deebisaa Deebisaa.

1.Kanneen keessaa kamtu jecha irra butaati?

A.Kubbaa B. Marga C. Foddaa

2.Jechi irra butaa fi jechi jabaan tokkuma.

A. Dhugaa B. Soba

3.Jechoota kana keessaa kamtu hudhaa barbaada?

A. Ilma B. Tabba C. Mouu

Deebii

Gaaffilee Isiniif Kennaman Fsilachuun deebisaa Deebisaa.

B 1.Kanneen keessaa kamtu jecha irra butaati?

A.Kubbaa B. Marga C. Foddaa

B 2.Jechi irra butaa fi jechi jabaan tokkuma.

A. Dhugaa B. Soba

C 3.Jechoota kana keessaa kamtu hudhaa barbaada?

A. Ilma B. Tabba C. Mouu

CUUNFAA BARANNOO

- **Jechi irra butaa dubbifamaa adda addaa walitti aanan irraa uumama.**
- **Akka jecha jabaa dubbifamaan lamaan wal hin fakkaatu.**
- **Hudhaan mallattoodha.**
- **Qubee dubbachiiftuu lamaa fi isaa ol ta’an gidduu gala.**
- **Gara oliitiin barreeffama.**
- **Qaamolee dubbii keessaa kokkee keessatti uumama.**
- **Walumaa galatti irra butaafi hudhaan sirna barreeffamaa keessatti bakka guddaa qabu.**

Hojii Manaa

Gaaffiwwan armaan gadii yaaluun maatiitti agarsiisaa.

1.Jechootni irra butaa maalirratti hundaa’u?

2. Jechoota irra butaa afur afur barreessaa.

3.Kanneen isiniif kennaman bakka barbaachisutti mallattoo hudhaa dabalaa.